 *Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 177-201*

**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v2i1.1034**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 177-201**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Waldiddaafi Danqaalee Jireenyaa: Fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu Keessatti

Fiqiruu Kitilaa[1*], Ashannaafii Balaayi[2*], Magarsaa Dhinsaa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannichaa waldiddaafi danqaalee hawaasummaa fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu keessatti mil'atan xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun iddatteessuu miti carraa akkayyootiin madda ragaa lammaffaa kan ta'an fiilmiiwwan Afaan Oromoo (Eelaafi Miixuun) filatamanii jiru. Mala funaansa ragaa daawwannaatti dhimma bahuun sakatta'a dookimeentii suur-sagalee taasifameen odeeffannoon fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu irraa daawwannaa suur-sagaleetiin walitti qabamanii jiru. Yaaxxina hawaasummaa bu'uureffachuun ragaaleen mala akkamtaatiin xiinxalamani. Argannoowwan qorannoo kanaatiin, fiilmii Eelaa keessatti danqaafi waldiddaa jireenya hawaasummaa keessatti mul'atan mo'achuuf amanamummaadhaan dhaabbachuun barbaachisaa ta'uun mul'atee jira. Danqaafi waldiddaa mudatuuf osoo harka hinkennatin obsuun, iccitii qabachuufi wal'aansoon taasifamu abdiifi egeree fuulduraaf murteessaa ta'uun kan keessatti mul'ateedha. Fiilmii Miixuu keessatti waldiddaafi danqaaleen mul'atanis cunqursaa, ajjeechaa, biyyaa baafanuu, hidhamuufi saamicha kanneen aangoo qabaniin hawaasa irratti taasifameetu keessatti mul'atee jira. Hawaasni danqaafi cunqursaaf osoo harka hinkennatin wal'aansoo qabuufi dura dhaabbachuun wareegama barbaachisu baasuun isaa ni mul'ata. Miixuu jireenyaafi roorroo taasifamu keessatti dukkanaafi garbummaa keessaa gaaf tokko ifatti nan baha jedhanii obsuun Guyyaan tokko jira jedhanii eeggachuufi miixuu ta'ee mul'ata. Danqaa aangoo siyaasaatiin taasifameen beenyaa gahaa malee lafti qonnaa abbootii aangootiin fudhatamee dukkana keessa jiraachuu hawaasa irra gahaa ture. Waggaan 28 turtii bulchiinsaa sirna siyaasaa abbaa irree kan aangoo irra tureefi dhalootni sirnicha keessatti dhalate garbummaa nuffuun kan of irraa fonqolche ta'uutu mul'atee jira. Waggoota kana keessa qeerroon garbummaafi cunqursaaf osoo harka hinkennin of irraa qolachuuf hidhaafi ajjeechaaf akka saaxilame qorannichaa agarsiisa*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 13-05-2024
Revised: 24-05-2024
Accepted: 09-06-2024

***Jechoota Ijoo:*** *Eelaa, Miixuu, Danqaa, Waldiddaa,*

**Qorataa Muummee: Fiqiruu Kitilaa*

*E-mail: fikrukitila@gmail.com*

Copyright@2023 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Ogbarruun akaakuuwwwan hojii kalaqaa aartii keessaa isa tokko ta'ee kan dhalli namaa jireenya isaa keessatti dhimma itti bahuudha. Bwalya (2006) akka ibsutti, ogbarruun jecha afaan Laatiinii "Littera" jedhu irraa kan dhufeefi hiikni isaas barreessuu yookaan harfii qubee bocuu jedhu irraa dhufe jedha. Ogbarruun barsiisuufi bashannansiisu kan danda'u ta'ee karaa ittiin beekumsaafi odeeffaannoo daarbuu danda'uudha. Ogbarruun kunis kanneen akka: asoosamaa, ogwalaloo, diraamaafi fiilmii of keessatti qabata (Ambarfi Sahril, 2023). Ogbarruun muuxannoo jireenya hawaasaa qajeelchuufi bocuun dhimmoota hawaasaa ifatti baasuu danada'a. Ogbarruun calaqqee jireenya hawaasaa waan ta'eefi bu'aa ba'ii jireenya dhala namaa keessatti mul'atan agarsiisuu keessaatti humna guddaa qaba (Tyson, 2006). Faayidaa ogbarruun jireenya dhala namaa keessatti qabu keessaa tokko ogbarruun akka mana yaalii jireenya ilmoo namaa (laboratory of human life) ta'ee kan tajaajilu ta'uu isaati. Kunis ogbarruun daawitiifi calaqqee jireenya ilmoo namaa ta'uu isaa kan agarsiisuudha.

Akaakuu ogbarruu jiran keessaa fiilmiin hojii kalaqaa ta'ee jechaafi gochaan sochii suur-sagaleetiin kan mul'atuudha (Totawad, 2016). Fiilmii keessatti gocha suur-sagleen dhiyaatee gochaan mul'atu kana qopheessuuf barreeffamni kalaqaa hojii fiilmiif qophaa'u tokkoof daran murteessaadha. Ogbarruu barreeffaamaa keessatti caacculleen mul'atan martinuu fiilmii keessatti nimul'atu. Waldiddaan, yoomessi, jaargochi, ergaan yookiin dhaamsi, namfakkiin/taatotni fiilmii keessatti nimul'atu. Totawad (2016) akka ibsetti, fiilmiin karaalee hedduudhaan ogbarruu waliin hidhata waan qabuuf akka qaama ogbarruu tokkootti fudhatama jedha. Caaccullee fiilmii keessaa waldiddaan yookiin danqaaleen hawaasummaa calaqqee jireenyaa ta'anii mul'atan xiinxalamanii jiru.

Waldiddaan caaccullee fiilmii keessaa kan iddoo guddaa qabu ta'ee jaargocha fiilmiitti lubbuu itti hora. Jireenya dhala namaa keessatti waldiddaan sababoota adda addaa irraa madduu danda'a (Linda, 2018). Waldiddaan jireenya hawaasummaa namootaafi namoota gidduutti, yaada ofii waliin, namaafi uumama gidduutti akkasumas namaaf uumaa gidduutti ni uumama. Qorannichis waldiddaa hawaasummaa keessatti sababoota hawaasummaa, dinagdeefi aangoon hawaasa gidduutti uumaman xiyyeeffatee jira. Mooney, Knoxfi Schachti (2007) akka ibsanitti, jireenya hawaasummaa keessatti hawaasni waliin jiraatan sababoota aangoofi dinagdeen waldiddaan isaan

gidduutti ni uumama jedhu. Waldiddaan sababa dinagdee uumamu sadarkaa jireenyaa ilmoo namaa bu'uura taasifata. Dhalli namaa sadarkaa jireenyaa, gadi aanaa, giddu galeessaafi ol aanaa keessa jiraachuun waldiddaa uumamu tokkoof ka'umsa ta'a (Ginanjar, 2016). Sadarkaa jireenyaatiin walgituu dhabuun garee hawaasaa keessatti mul'atu kanaan gareen hawaasaa dinagdee qaban garee hawaasaa sadarkaa gadi aanaa jiraatan irratti cunqursaafi dhiibbaa ni taasisu. Cunqursaa garee dinagdee qabaniin taasifamuun hawaasni dinagdee hinqabne yeroo hacuucamu waldiddaafi facceen isaan gidduutti uumama. Fiiilmiin waldiddaafi danqaalee hawaasummaa mul'atan agarsiisuu keessatti iddoo guddaa qaba.

Hojiilee aartiifi ogbarruu Oromoo keessaa fiilmiiwwan Afaan Oromoo qoratamanii bahuu dhabuun qaawwa dirree qorannoo aartii Oromoo keessatti mul'atuudha. Kaayyooleen Qorannichaas, waldiddaafi danqaalee gama hawaasummaa, dinagdeefi aangoo siyaasaatiin fiilmiiwwan Afaan Oromoo Eelaafi Miixuu keessatti mul'atan xiinxaluudha. Kanaafuu, fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu keessatti waldiddaafi danqaalee hawaasummaa uumaman yaaxxinoota hawaasummaa keessaa yaadiddama waldiddaa bu'uura taasifachuun xiinxalamani.

## 2. Sakatta'a Barruuwwanii

Aartiin calaqqee jireenya hawaasaa waan ta'eef jiruufi jireenya hawaasaa wajjin hidhata qaba. Aartiin hojii kalaqa dhala namaa ta'ee hawaasa keessaa fuudhatamuun deebi'ee hawaasaaf kan dhiyaatuudha (Davies, 2003). Aartiin haala jireenya hawaasaa, afaan, ogbarruu, seenaafi kanneen biroo ni calaqqisiisa. Graham (2005) akka ibsetti, aartiin kalaqaafi jireenya hawaasummaa dhala namaa keessatti karaa hedduu hidhata qaba. Fiilmiinis akaakuu aartii keessaa isa tokko ta'ee dhugaa qabatamaadhaan jireenya hawaasaa keessatti mul'atu bifa suur-sagaleetiin hawaasaaf dhiyeessa. Fiilmiin qabiyyee isaaatiin bashannansiisuu bira darbee barsiisuufi hubachiisuu danda'a. Setyorini T. (2009) akka ibsetti, fiilmiin akaakuu aartii keessaa tokko ta'ee bashannansiisuufi barsiisuudhaan ergaa dabarsuu kan danda'u ta'uu isaati. Fiilmii keessatti sochii qaamaa, gochaafi jechaan wanti mul'atu hunduu calaqqee jireenya hawaasaa ta'ee danqaaleefi waldiddaa garee hawaasaa gidduutti mul'atu calaqqisiisa. Fiilmiin bashannansiisuu qofa osoo hinta'iin quuqqaafi cunqursaa garee hawaasaa keessatti mul'atus agarsiisuu danda'a.

Fiilmiin aartii jiruufi fireenya hawaasaatiin wal qabatu ta'ee, dhugaa qabatamaadhaan

hawaasa keessa jiru deebisee hawaasaaf kan dhiyeessuudha. Kanaafuu, fiilmiin hojii aartii dhugaa qabatamaadhaan jireenya hawaasaa keessatti mul'atan calaqqisiisa (Hussein, 2018). Fiilmiin daawitii jireenya hawaasaa waan ta'eef haala jiruufi jireenya hawaasaa qabatamaadhaan agarsiisa. Isrow (2017) akka addeessetti, akaakuun aartii kanneen akka muuziqaa, walaloo, bobbocaafi aartii suur-sagaleefi kanneen biroodha. Fiilmiinis aartii suur-sagalee ta'ee akkuma hojiilee kalaqaa kanneen biroo akkuma asoosamaa, diraamaafi barwalaloo dhugaa qabatamaa hawaasa keessa jiru waliin hidhata qaba.

Haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo siyaasa, dinagdeefi quuqqaa hawaasichaa fiilmii keessatti qorachuufi hubachuun nidanda'ama. Fiilmiiwwan Afriikaa keessatti hojjetaman keessaa fiilmiiwwan danqaa aangoofi dinagdee keessatti mul'atan kan biyyoota Bahaafi Dhiha Afriikaa qoratamanii jiru. Mungai (2018) xiinxala fiilmiiwwan Bahaafi Dhiha Afriikaa qorate keessatti garaagarummaan dinagdee jiraachuun isaa madda danqaafi waldhabde akka ta'e ibsee jira. Garaagarummaan aangoofi dinagdee mul'atu madda danqaafi diddaa garee hawaasaa gidduutti uumamaniif sababa ijoo ture. Dhimmoonni aangoo dhimmoota waldhabdeef sababa ijoo ta'uun hawaasummaa keessatti mul'atan keessaa isa tokkoodha. Fiilmiin diddaa hawaasa tokkoo agarsiisuufi odeeffannoo dabarsuun barbaadame tokko dabarsuu keessatti gahee guddaa qaba.

Fiilmiin laallee sirna mootummaa aangoo qabuu ta'uudhaan tajaajiluu danda'a. Aboneh (2020) akka ibsetti, yeroo Sirna Dargii keessa (*Film Development and Control Unit*) "Garee Guddinafi To'annoo Fiilmii" jedhamu mootummaan hundeessuudhaan fiilmonni hojjetamuu qaban Ministeera Aadaafi Ispoortii yeroo sana ture jalatti akka to'atamuu qaban taasise. Akkuma laallee mootummaa ta'uun tajaajiluu danda'u faallaa isaatiin immoo hawaasni garbummaa akka balaaleffatuufi dammaqu gochuu danda'a. Fiilmonni yeroo sana qophaa'anis qabiyyeen isaanii 30% kan ta'an biyyoota warra Sooshaalistii hordofani kanneen akka Chaayinaa, Kuubaa, Chekozilaavaakiyaa, Hangaarii, Gamtaa warra Sooviyeetiifi biyyoota sooshaalistoota kan biroo irraa fudhatamuun hojjetamaa turani. Fiilmonni kunis aadaafi afaan biyyoota biroo irraa kallattiidhaan fudhatamanii kan dhiyaatan waan tureef guddina biyyatiif gaheen isaan gumaachan gadi aanaa ture. Fiilmii yeroo sanaa keessaa fiilmiin Chaayinaa kan *From Victory-to-Victory* jedhu tooftaa waraana riphee lolaa kan agarsiisu ture.

Fiilmiin kunis namoota hedduu mootummaa irratti kakaasuudhaan mootummaa Dargii irratti fincilli waraana riphee lolaa akka ka’uuf sababa guddaa ta’e.

Itoophiyaa keessatti fiilmiin kan jalqabame bara bulchiinsa Mootii Minilik II keessa bara 1890 oota keessa ture (Aboneh, 2016). Qaroomina biyyoota warra dhiyaa kun addunyaa guutuu irratti gama hawaas-dinagdeefi siyaasaan babal’ateen wal qabatee kan gara biyya Itoophiyaa seeneedha. Bara 1897 irraa eegalee aartiin siniimaa biyya Itoophiyaa keessatti babal’achuu eegale. Kanuma irraa ka’uudhaan hojiin kalaqa fiilmii Itoophiyaa keessatti hojjetamuufi agarsiifamuu kan eegale ta’uu isaa seenaan fiilmii Itoophiyaa ni agarsiisa. Galmi siniimaan keessatti agrsiifamaa tures mana seexanaa (*Seytan Bet* (*House of the Devil*) jedhamee kan waamamu bara 1923 keessa eegale. Tiyaatiroonni jalqabaman kunis hanga bara 1974tti karaalee adda addaa to’annoo mootummaa jalatti hordofamanii agarsiifamaa turani. Sababoota adda addaa irraa kan ka’e babal’inni fiilmii yeroo sanaa akkaataa barbaadameen itti fufuu hindandeenye. Sababoota kanneen keessaa muraasni dhimmoota sirna yeroo sanaan walqabatuun fiilmii qopheessuufi dhiyeessuun xiqqachaa adeeme.

Fiilmiin Itoophiyaa keessatti yeroo jalqabaatiif dhiyaate kan sagalee hinqabneefi suur-sochii qofaan kan agarsiifamu ta’ee lammii biyya Faransaayiin kan qophaa’e ture (Tigist, 2017). Yeroo sanatti fiilmiin kun magaalaa Finfinnee keessatti bakka yeroo sana “Mana seexanaa” jedhamee waamamaa kan ture keessatti akka agarsiifamaa ture seenaan fiilmii Itoophiyaa nimul’isa. Yeroo Xaaliyaaniin Itoophiyaa weerarte keessa fiilmiin agarsiisaaf dhiyaachaa turan odeeffannoo siyaasaa kennuuf hawaasichaaf kan dhiyaachaa turaniidha. Cunqursaafi roorroo balaaleffachuuf qabsoo hawaasni taasisuu qabu kanneen of keessaa qaban turan. Xaaliyaaniin biyya gadi dhiiftee erga baatee booda garuu fiilmiiwwan sun itti fufanii agarsiifamuu hindandeenye.

Seenaa fiilmii Afaan Oromoo keessatti jalqabbii sosochii guddina aadaafi ogbarruu Oromoo jaarraa 21ffaa ammaa kanaaf sosochiin kan eegale bara 1960 oota keessa dhaabbilee aadaa Finfinneefi Dirree Daawwaa keessatti hundeeffananiin ture. Teferiifi Steven (2018) akka ibsanitti, taphni aadaa yeroo jalqabaatiif dhiyaate kan ‘Barumsa’ jedhu hundeessaa Waldaa Maccaafi Tuulamaa keessaa tokko kan ture Maammoo Mazammiriin barreeffamee bara 1965 magaalaa Bishooftuu keessatti agarsiisaaf dhiyaate. Kufaatii sirna

Dargiitiin booda bara 1991 irraa eegalee hojiileen aartii Oromoo akkuma kan sabootaafi sablammoota kan biroo biyyatti keessatti mumullachuu eegale. Heera bara 1994 ALA bahe bu’uura taasifachuun aadaa, afaan, ogbarruu, tiyaatiraafi seenaan uummata Oromoo akka qoratamu ta’e. Teferiifi Steven (2018) akka ibsanitti, kufaatii sirna Dargiitiin booda qophiileen fiilmii Afaan Amaaraatiin dhiyaachaa turan akkuma jirutti ta’ee sagantaan qophii diraamaa kan Televizyinii Itoophiyaatiin darbu Dhangaa jedhamu torbanitti guyyaa tokko, sa’aatii tokkoof akka dhiyaatu ta’e. Kanuma irraa ka’uun, jalqabbiin fiilmii Afaan Oromoo bara 1994 ALA booda akka ta’e hubachuun ni danda’ama.

Qabiyyeen fiilmii dhimma siyaasaatiin walqabatee dhiyaatu tokko dhimmoota dinagdee, siyaasaa, aangoofi hawaasummaa of keessatti qabachuu danda’a. Fiilmiin diddaa hawaasa tokkoo agarsiisuufi odeeffannoo dabarsuun barbaadame tokko dabarsuu keessatti gahee guddaa qaba. Dhimmoonni aangoo waldhabdeef sababa ta’uun hawaasummaa keessatti mul’atan keessaa isa tokkoodha. Barreeffamootni kalaqaa hedduun isaanii diddaafi quuqqaa hawaasni qabu agarsiisuu akka danda’anitti hawaasaaf dhiyaatu. Haala kana keessatti, hawaasni dhiibbaa irra gahe karaa siyaasaafi aadaa isaatiin haala ittiin of irraa qolachuu danda’u agariisu (Lawson, 2022). Fiilmii fayyadamuudhaan odeeffannoo siyaasaan walqabatu qaama bira gahuu qabu bira akka gahu gochuun nidanda’ama. Hawaasni cunqursaa jala jiru tokko roorroofi gadadoo irra gahe tokko fiilmii fayyadamuudhaan ibsachuu danda’a. Qaamni aangoo of harkatti qabatee jirus fiilmii fayyadamee ol aantummaa isaafi cimina ofii qabu ibsachuu danda’a.

Fiilmii *parasite* jedhu keessatti dhimmootni maatii hiyyeessaafi dureessa ta’anii wal cina qabamanii qoratamanii turani. Liu (2020) fiilmii ‘*Parasite*’ jedhamu bara 2019 keessa hojjetame keessatti jireenya hawaasummaafi dinagdee warra Kooriyaa Kibbaa xiyyeeffatee jira. Qorannoo isaa keessattis, maatiin *Park* baay’ee duressa kan ta’aniifi maatiin *Kim* kan hiyyeessa ta’an fiilmicha keessatti yeroo dhiyaatan adda addummaan dinagdee gidduu isaanii jiru wal irraa fagaataa kan adeemu ta’uu ibseera. Adda addummaan gidduu isaanii jiru sun kan dinagdeedhaan mul’atu hawaasa keessatti mul’atuunis garee hawaasaa keessatti adda addummaa akka qabaatan taasisee jiraachuu isaa ibsa. Maatiin hiyyeessa ta’an faayidaalee karaa hawaasummaa qaban dhabuu irraa kan ka’e hiyyummaa irraa gara hiyyummaa isa caaluutti kan adeeman ta’uufi kanneen dureessa ta’an immoo, ittuma

sooromaa akka deeman xiinxala qorannoo isaa keessatti ibsee jira.

Dinagdeedhaan walqixxummaa dhabuufi qoodiinsi dinagdeen walqabatu hawaasa keessa jiru karaalee hedduu calaqqisuu danda’a. Ozimek (2020) akka ibsetti, fiilmiiwwan agarsiisaaf oolan hedduu keessatti qindoomina hojiilee adda addaafi jireenya hawaasaa keessatti walqixxummaan akka hinjirre agarsiisa. Karaa birootiin immoo, hawaasni baadiyyaa jiraatu hedduun gama guddina dinagdeetiin kan hacuuccaan irra jiruufi dadhabbii hojii isaatiif kan kaffaltii gahaa hinarganne ta’uu agarsiisa. Kuni immoo, sirna kaappitaalizimii yeroo sana ture keessatti walqixxummaa dhabuun gama dinagdeefi hawaasummaatiin karaa qindaa’een hawaasicharra gahe hawaasicha kan mufachiise ta’uu ibsee jira. Mufannaan hawaasa keessatti ka’u waldiddaafi faccee kanneen qabeenya qabaniifi hinqabne gidduutti uuma.

Addunyaa kana keessatti kanneen dinagdeefi aangoo qaban warra dinagdeefi aangoo hinqabne irratti dhiibbaa geessisu. Mwakalinga (2010) akka ibsetti, addunyaa kana keessatti mootummoonni aangoo qabaniifi dhaabbileen addunyaa hedduun kanneen aangoo hinqabne irratti dhiibbaa geessisu. Cunqursaan kunis karaa siyaasaa, dinagdeefi dhaabbilee aadaa isaanii irratti ta’uu danda’a. Qorannooleen dhimmoota qabatamaa hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeedhaan walqabatanii biyyoota addunyaa sadaffaa jedhaman irratti adeemsifaman hedduun isaanii dhimmoota siyaasaafi dinagdee wajjin hidhata guddaa qabu.

Walumaagalatti, fiilmii fayyadamuudhaan dhimmoota aangoo, quuqqaafi diddaa hawaasaa gama hundaan garee hawaasaa keessatti nimul’atu. Fiilmiiwwan Afaan Oromoo filataman kanneen qorannoo kanaan quuqqaafi waldiddaan hawaasaa haala kamiin akka mul’atan xiinxalaman. Dinagdee qabaachuufi dhabuun madda danqaa hawaasummaa uumamu keessaa isa tokko yoo ta’u, aangoo qabaachuufi dhabuunis madda danqaafi waldhabdee hawaasati. Yeroo hedduu caasaan hawaasaa keessatti walcaalmaan sadarkaa jireenya hawaasummaa, dinagdeefi aangoo irratti kan hundaa’e ta’uun danqaalee uumamaniif ka’umsa ta’u. Cunqursaafi danqaalee mudatan kana of irraa qolachuuf tattaaffii taasifamu keessatti faccee uumamu keessatti danqaaleen garee hawaasaa gidduutti uumamu. Dhimmoota waldiddaa hawaasaa kana qorachuuf yaadiddama hawaasaatti dhimma bahuun murteessaa ta’a.

Qorannichis yaaxxina hawaasummaa bu’uureffachuun kan adeemsifame waan ta’eef yaaxxinoota hawaasummaa jiran keessaa yaadiddama waldiddaa bu’uura taasifachuun danqaafi waldhabdee hawaasa keessati mul’atan bu’uureffatee jira.

## 3. Malleen Qorannichaa

Qorannichi mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun kan adeemsifame yoo ta’u, ragaaleen argamanis mala akkamtaa fayyadamuun ibsamuudhaan xiinxalamani. Madda ragaa lammaffaa kan ta’an fiilmiiwwan Miixuufi Eelaa irraa daawwannaa suur-sagaleetiin ragaaleen walitti qabamanii jiru. Fiilmiiwwan kunis tooftaa iddatteessuu miti carraa-akkayyootiin madda ragaa lammaffaa ta’uun kan filatamaniidha. Sababni fiilmiiwwan kunneen filatamanis fiilmiin lamaanuu dheerina sa’aatii fudhataniifi waldiddaan isaan keessatti mul’atu walitti dhufeenya guddaa waan qabuufi. Fiilmiin *Eelaa* fiilmii Afaan Oromoo yeroo jalqabaaf hojjetame yoo ta’u, fiilmiin *Miixuu* immoo, fiilmiiwwan yeroo dhiyoo keessa Afaan Oromootiin hojjetameedha. Fiilmiiwwan kun qabiyyeen waldiddaa isaanii walfakkeenyummaa waan qabuuf kaayyoo qorannichaa galmaan gahuu jedhamee waan abdatameef lamaan isaanii filatamani. Daawwannaa waraabbii suur-sagalee fiilmiiwwan lamaan irraa ragaaleen walitti qabamanis kaayyoo qorannichaa irratti hundaa’uun duraa duubaan xiinxalamanii jiru.

## 4. Dhiheessaafi Xiinxala Ragaalee

Jiruufi jireenya hawaasaa keessatti gareen hawaasaa tokko garee hawaasaa kan biroo wajjin karaalee hedduudhaan walitti dhufeenya uuma. Namni dhuunfaanis ta’ee hawaasni tokko hawaasa kan biroo waliin sadarkaa jireenyaatiin, aangoodhaan, hawaasummaan walgituufi walgituu dhabuu danda’a. Hawaasni sadarkaa jireenyaa adda addaa keessa jiraatu dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi aangoo irratti fedhii dhuunfaafi hawwii isaa guuttachuufi dhabuu keessatti danqaaleen gidduu isaaniitti niuumama. Qabeenya horachuufi horachuu dhabuun, aangoo qabaachuufi dhabuun bu’aa ba’ii jireenya hawaasummaa keessatti bu’uuraalee jireenyaaf wantoota barbaachisaniifi fedhii dhuunfaa ofii guuttachuufi dhabuun madda waldiddaa ta’u.

### 4.1 Xiinxala Waldiddaa Fiilmii Eelaa Keessatti Mul’atu

Fiilmii Eelaa keessatti waldiddaan hawaasummaa garee hawaasaa adda addaa keessatti mul’atnii jiran akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin xiinxalamanii jiru. Waldiddaan fiilmii Eelaa kunis Caaltuufi

harmee Rabbirraa gidduutti akkasumas Rabbirraafi harmee isaa gidduutti mul'atee jira. Waldiddaan fiilmicha keessatti mul'atanis karaa hawaasummaa, dinagdeefi aangoodhaan karaa adda addaa kan mul'ataniidha. Fiilmii Eelaa keessatti danqaaleeen jireenya garee hawaasaa gidduutti uumaman waldhabdee namaafi uumama gidduu, kan namaafi nama gidduutti uumamaniifi kan garee hawaasa gidduutti taasifamutu mul'ata.

**a) Waldiddaa Hawaasummaa Fiilmii Eelaa Keessatti**

Fiilmii Eelaa keessatti waliin jireenya hawaasummaa keessatti tuffatamuufi ilaalcha gadi aantummaatiin ilaalamuun waldhabdee namaafi nama gidduutti uumamaniif ka'umsa guddaa ta'ee jira. Fiilmii Eelaa keessatti maatiin Rabbirraa garee jireenya qananii qabu jiraataniifi Caaltuun immoo, hiyyeettii, cunqurfamtuufi kan roorroon itti baay'ate taatee mul'atti. Waldiddaan harmee Rabbirraafi Caaltuu gidduutti uumame kan namaafi nama giduutti kan mul'ateedha. Rabbirraan wal dhabdee Harmee isaafi Caaltuu gidduu jiru furuufi walitti araarsuuf yummuu ifaaju mul'ata. Kunis danqaa hawaasummaa maqsuuf wal'aansoo taasifame kan agarsiisuudha.

Fiilmii Eelaa keessatti, Caaltuun umurii ijoollummaatti haati ishee irraa du'uun danqaa jireenyaa milkaa'ina ishee gufachiiseedha. Fiilmii Eelaa 00:05:42-47 irratti, Caaltuun yaadaan baduu ishee argee Rabbirraan, *"Caaltu maaliif yaadni si bada akkasi? Warri kee lubbuudhaan jiruu garuu?* jedhee yummuu gaaftu mul'ata. Caaltuunis deebistee, "*Haati koo ijoollummaatti da'umsa irratti na jalaa duute; abbaan koo immoo haadha manaa kan biraa fuudhee ganda qonnaan bulaa Leemman jedhamu keessa jiraatu; si heerumsiifna malee jedhanii abbaa manaaf na kennuuf jedhani..."* jette. Caaltuun haati ishee ijoollummaatti irraa du'uufi abbaan ishee dubartii biraa fuudhuun danqaa jireenyaafi rakkoo manaa ishee baaseedha. Mudannoon Caaltuu kun danqaa jireenya hawaasummaa keessatti yeroo hedduu shamarran mudatuudha. Dhiibbaan karaa hawaasummaa ishee irra gahe kanaaf barumsa ishee addaan kuttee biyyaa baate. Abbaan ishee dubartii kan biraa fuuchuun barumsa ishee akka addaan kuttu taasisuun danqaa jireenyaa hawaasummaa keessatti ishee mudateedha. Jireenya hawaasummaa keessatti du'a haadhaa irraa kan ka'e shamarran heedduun barumsa isaanii addaan kutanii heerumaaf akka dirqisiifaman agarsiisa. Kunis rakkoo hawaasummaa keessatti shamarran baadiyyaafi harka qalleeyyii hedduu mudatu ta'ee mul'ata.

Waldiddaan hawaasummaa keessatti Caaltuufi harmee Rabbirraa gidduutti bakka hedduutti mul'ata. Caaltuun ulfa ta'uun ishee Rabbirraadhaaf haadha manaa ta'uuf deemti shakkii jedhu harmee Rabbirraa keessatti uumuun danqaa uumameef sababa ta'ee jira. Kanaafuu, Rabbirraaf ulfaa'uun Caaltuu, waldiddaa harmee Rabbirraafi Caaltuu gidduutti uumameef ka'umsa ta'e. Fiilmii Eelaa 00:51:05-10 keessatti *Walitti dhufeenyi keefi Rabbirraa mee maal akka ta'e natti himi; mucaan kun kan eenyuuti?... abbaan ishee eenyuudha?... gufuu guddaa kan gaa'iela mucaa koo dukkaneessu; fonqolchee gatuun qaba* jette yummuu dhaadattu mul'ata. Hawaasummaa keessatti Caaltuun hojjettuu manaa waan taateef sadarkaa jireenyaa isheen irra jirtuu akka isheen tuffatamtu ishee taasise. Danqaa jireenya hawaasummaa uumameef sababa kan ta'e sadarkaa jireenyaatiin tuffii Caaltuu irratti taasifame irraa madde. Kanaafuu, fiilmii Eelaa keessatti, danqaaleen jireenyaa hawaasummaatiin walqabatanii Caaltuu mudatan sadarkaa jireenyaatiin hiyyeettiifi hojjettuu manaa waan taateef ilma warra qabeenya qabaniitti akka hinheerumne taasisuu irraa kan madde ture.

Fiilmii Eelaa 00:35:42-48 keessatti Caaltuun sababii ulfoofteef mana qulqulleessuu yeroo isheen dadhabdetti harmeen Rabbirraa, "*Eenyu irraa ulfoofte? Ani egaa dhimman sagaagaltuu gandaa sooruuf hinqabuutii bahi narraa!"* ittiin jette. Aadaafi safuu hawaasaa keessatti durbi osoo hinheerumin ulfaa'uun tuffatamuuf arrabsamuuf saaxilamuu fida. Harmeen Rabbirraa jibbiinsaafi tuffii Caaltuuf qabdu irraa kan ka'e miira ol aantummaa qabdu qofa fayyadamtee arrabsoofi doorsisa irratti raawwachuu isheetu mul'ata. Caaltuunis filannoo kan biraa waan hinqabneef dabtara ishee fudhattee dukkanaan manaa baate. Dukkanaan manaa bahuun ishee kunis jireenya abdii kutannaa kan wal'aansoofi hacuuccaan kan itti baay'ate ta'uu agarsiisa. Ta'ullee faaya mormaa kan Rabbirraan mallattoo waadaa isheef seenuu godhee isheef kenne sana qabattee irra deddeebitee ilaaluun manaa bahuun ishee waadaa eeguufi amanamummaa ishee mul'isa.

Fiilmii Eelaa 00:35:52-57 keessatti Harmeen Rabbirraa, "*Ani egaa dhimman sagaagaltuu gandaa sooruuf hinqabuutii akka dhuftetti sassaabbadhuu bahi narraa; bahi!"* jettee ifachuun ishee tuffii Caaltuuf qabdu agarsiisa. Akka dhuftetti sassaabbadhuu bahi narraa jechuun harmee Rabbirraa homaa hinqabduutii harka kee duwwaa deemi jechuudha. Harmeen Rabbirraa tuffii Caaltuuf qabduuf kanaaf namummaa isheef bakka osoo hinkennin yummuu isheen irra deddeebitee,

"*Bahi; bahi!"* ittiin jettu Caaltuun rifattee lafaa ol kaate. Kunis safuufi duudhaa cabsuu isheetiin ija jabaachuu dadhabdee ifatamuufi tuffatamuu ishee agarsiisa.





*Suuraa 4.1a) Caaltuun Harmee Rabbirraatiin Ifatamuufi manaa baafamuu isheee*

Fiilmii Eelaa 00:36:20-26 keessatti Caalttuun *"...eessa dhaquu egaa? Lafan dhaqu hoo hinqabuu eessa dhaquu?"* jechuun uffataafi dabtara ishee walitti qabattee qofaa ishee ofitti dubbatti turte. Ofii ishee waliin dubbachuun ishee kun waldiddaa ofii ishee waliin taasifte agarsiisa. Caaltuunis, ulfa garaatti baattee bakka jiraattuu gadi baafamtee bakka dhaqxu wallaalte. Dubartoota hedduu jireenya hawaasummaa isaanii keesstti danqaa jireenyaa isaan quunnamuufi danqaan jireenyaafi abdii kutannaan ishee mudate ta'uu mul'isa. Caaltuun haati ishee ijoollummaatti irraa du'uufi carraa barachuu dhabdee akka heerumtuuf dhiibbaan irratti taasifamuun danqaan hawaasummaa ishee mudateedha.

Caaltuun ulfaa'uun ishee, arrabsamuun, manaa baafamuufi barumsa addaan kutuun ishee danqaa jireenya hawaasummaa keessatti dubartoota hedduu quunnamu ta'uu agarsiisa. Danqaan ishee mudate kun immoo, abdii kutannaa keessa akka galtuufi lafa dhaqxu akka wallaaltu ishee taasise. Jireenyi itti bitaacha'uufi lafa dhaqxu dhabuun ishee jireenya hawaasummaa keessatti ulfa yeroo malee ulfaa'uufi nama itti baqatan dhabuun dubartoota hedduu kan mudatuudha. Fiilmii Eelaa keessatti danqaan jireenyaa hawaasummaa keessatti Caaltuu mudate nama jaallatan dhabuu, dhala ofii dhabuufi kaayyoo ofii irraa danqamuun barumsa addaan kutuudha.

**b) Fiilmii Eelaa Keessatti Danqaalee Dinagdee Mul'atan**

Dinagdeen kan jennu qabeenya qabaachuufi dhabuudhaan garaagarummaa jireenya dhala

namaa keessatti mul’atuudha. Danqaaleen jireenya garee hawaasaa keessatti dhimmoota dinagdeedhaan walqabatanii uumaman sababoota qabeenya qabaachuufi dhabuutiin akkasumas, qabeenya nama biroo kan ofii taasifachuufi taasifachuu dhabuu irraa kan ka’e waldiddaa uumamuudha. Hiyyeessa ta’uufi qabeenya dhabuun kanneen dinagdee qaban biratti tuffatamuufi ilaalcha tuffii qabuun ilaalamuu geessisuu danda’a. Fiilmii Eelaa 00:06:12-15 irratti Caaltuun mudannoo jireenya isheefi haala kamiin akka maatii isheerraa adda baate Rabbirraaf yoo ibsitu,

“*Haati koo ijoollummaatti da’umsa irratti ana jalaa duute; abbaan koo immoo haadha manaa kan biraa fuudhee ganda qotee bulaa Leemman jedhamu keessa jiraata; anis achumattan isaan birattan guddadhe; ...anaa barachaa jiru barumsa koo irraa na kutanii si heerumsiifna malee naan jedhani.. ani immoo baqadheen magaalaatti dhufe,...*” jette.

Caaltuun manaa baqattee akka isheen gara magaalaatti dhuftu kan taasise hiyyummaa haadha dhabuuf nama ishee gargaaru dhabuu isheeti. Haati Caaltuu ijoollummaatti irraa du’uun jireenya hiyyummaaf ishee saaxile. Rakkoo dinagdee Caaltuun qabdu kun, harmee Rabbirraatiin akka isheen tuffatamtuufi ilaalcha gadi aantummaatiin akka ilaalamtu ishee taasise. Hiyyummaan jireenya hirkattummaa keessa galuudhaan nama kan birootti hirkatanii akka jiraatan taasisa.

Dinagdee qabaachuun akka fedhan dubbatanii ifachuufis ta’ee arrabsuuf humna namaaf kenna. Hiyyummaan sagalee jabaatanii akka hindubbanneef qofa osoo hintaane mirga ofiif akka hinfalmanne afaan nama luugamti. Caaltuun waan ittiin jedhame fudhachuu qofa malee mirga isheef falmachuufis ta’ee deebii kennuufii hindandeenye. Harmeen rabbirraa garuu, manaa baasuu qofa osoo hintaane jecha tuffiifi arrabsoo bira darbee ifachuuf humna qabdi. Caaltuunis uffata, dabtaraafi faaya mormaa kan Rabbiraan yaadannoo waadaa seenuu godhee isheef kenne saanduqa keessaa walitti funaannattee deemte. Caaltuun ulfa ta’uu ishee qofaaf osoo hintaane sababa hiyyummaa ishee irraa kan ka’e harmee Rabbirraatiin jibbamtee manaa baate. Hiyyummaan Caaltuu jireenya ishee irratti danqaa uumuudhaan akka isheen bilisummaadhaan yaada ishee hinibsanne ishee taasise.

Hiyyummaa keessa jiraachuufi hojjettuu manaa ta’uun qacaramanii hojjechuun nama jaallatanii wajjin bultii akka hinijaarranne gochuu keessa darbee danqaa jireenyaa ta’uu danda’a. Fiilmii Eelaa 00:07:40-0:08:39 irratti harmeen Rabbirraa Caaltuun mucaa ishee barbaacha dhufnaan mooraa manaa keessaa

ariitee gadi baasiste. Caaltuun deebitee gara manaa akka hindhufne Tulluutti akeekkachiisa kennite. Fiilmii Eelaa 00:14:15-47 irratti Harmeen Rabbirraa, Caaltuun moora keessaa erga gadi baastee booda dhuftee deebi'uu ishee intala ishee Simbootti himte. Simboonis, "*Maal jette harme gaafa mucaa ishee argite?"* jechuun harmee ishee gaafatte. Harmeen Rabbirraa garuu deebistee,

"*Maal abbaa ishee jetti nan ariye anoo; ... Callisi yeroo mucaan koo maqaan xuraa'u; hojjettuu irraa dhalchee; sanaa olitti immoo hojjettuu isaa fuudhee; nadheen gandaa buna ittiin dhugdu; ani garuu gurra kootiin kana dhagahuu manna; du'ee dachee kana ta'uu naaf wayya*" ittiin jette.

Tuffiin harmee Rabbiraa kuni kan inni irraa maddu, yummuu mucaan koo hojjettuu isaa fuudhee nadheen gandaa buna ittiin dhugdu jechuu isheetiin mul'ata. Caltuunis hiyyummaa ishee mo'attee mucaa ishee guddifachuuf baadiyyaatti galtee araqee baastee farsoo naqxee gurguruuf dirqamte. Fiilmii Eelaa 00:40:40-45 keessatti "*Caaltu; Caaltuu kottu maal taate nuuf daddabali malee*" jedhanii warri maamila ishee araqeefi farsoo biraa dhugu turani. Kunis jireenya hiyyummaa keessa jirtu mo'attee dhala ishee guddifachuuf wal'aansoo isheen taasiste agarsiisa.







*Suuraa 4.1b)* Caaltuun araqeefi farsoo baastee yummuu gurgurtu

Rabbirraanis barumsa isaa biyya alaa xumuree erga dhufee booda bakka Caaltuun itti badde baadiyyaa keessaa dhaqee barbaadee gara mana maatii isaatti mucaa isaa waliin fudhatee gale. Caaltuun Rabbirraa waliin dhufuun ishee ammas harmee Rabbirraa waliin waldiddaan kan biroon akka uumamu taasise. Harmeen Rabbirraas ishee doorsisuun manaa baastee mucaa jalaa fudhattee guddifachuuf murteessite. Fiilmii Eelaa 00:52:07-10 keessatti harmeen Rabbirraa Caaltuudhaan,

"*Maallaqa hanga feete siifan kenna; mucaa koo jettee garuu dallaa kana akka hinseenne"* ittiin jettee akeekkachiiste. Caaltuun maallaqa fudhattee dhala ishee maallqaan akka jijjiirtuuf yaalii taasifameedha. Caaltuun garuu waadaaf malee qabeenyaaf kan manaa baate waan hin taaneef qabeenyaan hingowoomne. Fiilmii Eelaa 00:52:18-21, "*Waan isin jettan hundumaa nan godha; garuu, maallaqa keessan hinbarbaadu"* jette. Arrabsamuufi doorsifamuu ishee irratti raawwate baastee akka hindubbanne waan akeekkachiifamteef akkuma itti himametti afaan ishee qabattee deemuuf dirqamte. Wal'aansoo jireenyaa mo'achuuf jedhanii dubartoonni hedduun namoota isaan hojjechiifataniin itti roorrifamuufi arrabsamuun kan isaan irra gahu ta'uu agarsiisa.

**c) Fiilmii Eelaa Keessatti Danqaalee Aangoo Mul'atan**

Fiilmii Eelaa keessatti danqaan jireenya hawaasummaa keessatti aangoodhaan walqabatee mul'atu cunqursaa hojjechiisaafi hojjettuu gidduutti raawwatameedha. Waldiddaan aangoon walqabatee Caaltuu irratti raawwatame aangoo siyaasaa osoo hintaane aangoo ol aantummaa sadarkaa jireenyaati. Haati bilisummaa ittiin dhala ishee argattuufi jaalalaan guddifattu dhabuufi cunqursaa warra ishee hojjechiifataniin ishee irratti taasifame. Hariiroo hawaasummaa keessatti aangoodhaan Caaltuu manaa baasuu harmee Rabbirraafi cunqurfamtuu ta'uu isheetu mul'ata. Fiilmii Eelaa kutaa lammaffaa 00:07:17-18 irratti yeroo Caaltuun mucaa ishee barbaacha dhuftee balbala rurrukutte seente sanatti harmeen Rabbirraa mana keessaa gadi baatee Tulluudhaan, *"Balbala hinbantuu ati immoo?"* ittiin jechuun Tulluu ifatte. Ifatamuun Tulluufi ifachuun harmee Rabbirraa kun aangoo waardiyyaa manichaa ajajju qabaachuu ishee mul'isa.

Fiilmii Eelaa 00:07:39-08:55tti Caaltuun mooraa seentee, "*mucaa koo ilaaluun dhufe"* gaafa jettu, harmeen Rabbirraa deebistee "*Maal hojii dhufte? Mucaa koo sakaaltee hidhuudhaaf yaaliin ati goote si jalaa fashalaa'eera; amma ka'ii ba'i; Tullu! kottu narraa baasi kana; narraa baasi!"* jechuun aangoo qabdutti fayyadamtee mooraa keessaa Caaltuu gadi baasiste. Caaltuu mooraa keessaa gadi baasisuu qofa osoo hintaane akka isheen deebitee mooraa sana hinseenne Tulluutti akeekkachiisa ajaja of keessaa qabuun itti himte. Tulluunis waan argeefi dhagahe akka hindubbanne gochuuf, *"Tullu! Waan argite immoo hinxebexxebin*" ittin jette. Tulluunis, "*Maalan dhagahe giifti; Xis ximbaan hinjiru"* jechuun afaan isaa harkaan ukkaamsate.

Aangoon dhugaa ukkaamsuudhaan warra cunqurfamoo irratti akka roorrifamu taasisa. Tulluun waan argeefi dhagahe osoo qabuu aangoo warra isa qacaratanii sodaatee dhugaa argeefi dhagahe ukkaamsuuf waadaa seene. Namni aangoo qabu dubbatee dhageessifachuu qofa osoo hintaane dhugaa ukkaamsee haadhaafi ilmoo gargar baasuu danda'a.

Fiilmii Eelaa keessatti danqaalee aangoo mul'atu keessaa tokko aangoo qabaachuufi dhabuu cinatti bakka aangoofi ol aantummaan jirutti haqni warra aangoo hinqabnee kan dhokate ta'ee mul'ata. Dhugaa dharaan ukkaamsuu keessatti hireen warra aangoo hinqabnee nidukkanoofti. Kan aangoo qabu dubbatee dhageessifachuu bira darbee dhugaa ukkaamsa; kan aangoo hinqabne immoo, akka hindubbanneef ukkaamsama.

### 4.2 Xiinxala Waldiddaa Fiilmii Eelaa Keessatti Mul'atu

Waldiddaan fiilmii Miixuu keessatti karaa hawaasummaa, dinagdeefi aangoodhaan mul'atan gareewwan hawaasaa dinagdeefi aangoo qabaniifi kanneen hinqabne gidduutti yummuu uumamu mul'ata. Danqaafi waldiddaan fiilmii Miixuu keessatti mul'ates taatota fiilmichaa keessaa kanneen akka Raajii, Xiiqii, Guyyaa, Abdii, Abbaa Adiifi garee hawaasaa aangoo siyaasaa of harkaa qabanfi meeshaa waraanaa hidhataniifi hawaasa qonnaan bulaa ta'e gidduutti kan uumameedha. Waldiddaan fiilmicha keessatti mul'atus kan namaafi ofii isaa gidduu, namaafi nama kan biroo gidduufi nama dhuunfaafi garee hawaasaa kan biroo gidduutti uumameedha.

#### a) Waldiddaa Hawaasummaa Fiilmii Miixuu Keessatti

Fiilmii Miixuu keessatti danqaaleen dhuunfaafi hawaasummaa sababoota adda addaatiin uumaman nimul'atu. Xiiqiin barumsarra osoo jirtuu hariiroo jaalalaa Guutaa waliin qabduun ulfoofte. Fiilmii Miixuu, 00:02:05 irraa eegalee Xiiqiin mooraa mana barumsaa keessa dhaabbatte yeroo yaadaan badaa turtetti, Guutaan fiigichaan dhufee, "*Xiiqi, Xiiqi maaf na dhiphistaa? Maaf waan taate natti hinhimtu?*" jechuun ishee gaafate. Xiiqiin garuu deebistee, "*Guuta! Erga pireediin koo dhufee tureera*" ittiin jette. Guutaan jalqaba irratti rakkinni ishee maal akka ta'e baruuf hedduu ariifate; ulfaa'uu Xiiqii erga baree booda garuu, "*of irraa baasisi*" ittiin jechuun qofatti ishee dhiisee biraa deeme (Miixuu 00:02:38). Waldiddaan Xiiqiifi Guutaa gidduutti uumame kun jireenya hawaasummaa keessatti kan namaafi nama gidduutti uumameedha. Xiiqiin Guutaadhaan jibbamuufi qofaa isheetti hafuun

ishee danqaafi waldiddaa mul'atuudha. Guutaan ishee gatee waan biraa deemeef Xiiqiin naasuufi abdii kutachuurraa kan ka'e yeroo tokko qofa, "*Guutaa!*" jettee waamte. Dabtara ishees achuma mooraa mana barumsaa keessa bakka dhaabbatte sanatti faffacaaftee gattee fiigdee baate. Dubartoonni hedduun danqaa hawaasummaa keessatti ulfa yeroo malee isaan mudatuun barumsa addaan kutuufi rakkina keessa seenuun maatii irraa adda bahuu agarsiisa.

Fiilmii Miixuu keessatti, Xiiqiin erga ulfooftee booda Guutaadhaan jibbamte; Raajiinis jibba isaan gidduutti uumameen qaawwa argame kanatti fayyadamtee Guutaa kan ofii ishee taasifatte. Xiiqiin maatii ishee irraas adda baatee hiriyoota ishee Raajiifi Dureettiitti hirkattee jiraachuuf dirqamte. Maatii irraa adda baatee mana namaatti miixuufi ciniinsuu hedduu booda mucaa ishee kan Guutaaf ulfoofte deesse. Hiriyoonni ishee Raajiifi Dureettiin Xiiqiin deessee ciisaa osoo jirtuu waan haati irraa duutee fakkeessuun mucaa ishee fuudhanii nama kan biroof kennani. Mucaa kanas osoo hinbeekin harmee Xiiqiif geessanii kennani. Fiilmii Miixuu, 00:04:58-0:05:05 keessatti jaartiin mucaa Xiiqii fudhatanii guddifachuuf kennameef sun yeroo mucaan arganitti, "*Ani kanan jedhu abbaan mucichaa hayyameera moo akkasumaan mucaa naaf laattuu?*" jechuun gaafatte. Raajiin deebistee, "*Haati da'a irratti dadhabde; waa'ee abbaa isaa namni beeku hinjiru*" jette. Mucaan guddifachaadhaaf kennamuu qabu beekamtiifi jaalala maatii mucaatiin ala kennamuu kan hinqabne ta'uu gaaffii jaartiin dhiyeessiteef irraa hubachuun nidanda'ama.

Fiilmii Miixuu 00:05:53-55 keessatti Xiiqiin da'umsa booda yeroo of bartu, "*Mucaan koo meerre Raaji*?" jette. Raajiinis deebistee, *mucaan kee du'eera* jetteen. Raajiifi Dureettiin garuu jibbiinsa Xiiqiif qabaniffi Raajiin Guutaa kan ofii ishee taasifachuuf yaaduu irraa kan ka'e mucaafi haadha gargar baasani. Danqaa jireenya hawaasummaa kan fidan keessaa tokko kaayyoofi dheebuu keessoo ofii milkeeffachuuf yaaduu irraa madda. Raajiin kaayyoo ishee galmaan gahachuuf Guutaa, Xiiqiifi mucaa ishee garagr baafte.

Fiilmii Miixuu keessattis, Xiiqiin Guutaadhaaf ulfooftee waan Guutaan ishee baqateef Raajiifi Dureetti biratti deesse. Raajiin Guutaa kan ofii ishee godhachuuf jettee inaaffaa qabdu irraa kaatee Xiiqiifi Guutaa addaan baaftee mucaa ishees dhoksite. Xiiqiin danqaa jireenyaa hawaasummaa keessatti ishee mudate kanaan barumsa ishee addaan kutuun, mucaa ishee dhabuun, maatii ofii irraa addaan

bahuun jireenya danqaafi hacuuccaan guutame keessa jiraatte. Danqaan jireenya hawaasummaa keessatti mul'atan kun dubartoonni hedduun osoo hinsaganteessin ulfaa'uun, kaayyoo isaanii irraa akka gufatan kan taasisu, nama jaallataniifi dhala isaanii dhabuun abdii kutatachiisee galma yaadan bira osoo hingahin karaatti akka dhaabbatan kan taasisu ta'uu isaati.

**b) Danqaalee Dinagdee Fiilmii Miixuu Keessatti Mul'atan**

Fiilmii Miixuu keessatti danqaaleefi waldiddaan sababa dinagdee mula'tan karaa hedduu mul'atu. Raajiifi Xiiqii gidduutti waldiddaan akka uumamu kan taasise keessaa tokko Xiiqiin hiyyeettii taatee Raajiin maatii qabeenya qaban keessaa dhalachuu isheeti. Fiilmii Miixuu 00:07:06-20 irratti, Xiiqiin, "*Mucaan koo meerre Raajii*?" jettee yummuu gaafattutti, Raajiin deebistee,

"*...Si'i Xiiqi, nuti seenaa kee gaafa nutti himtu gaddinee ofitti siqabne malee ooltee bultee akka barbaadde akka ati nurratti taatuuf miti; Xiiqi, hingowoomin ati barumsa keetti deebi'uu qabdaa; nan guddisa yoo jettes immoo maaliin guddista? Moo haadha kee kaleessa gattee baatetti salphina kana fuutee deebi'uufi?"* ittiin jette.

Raajiin bakka kanatti, *nan guddisa yoo jettes maaliin guddista?* jechuun ishee tuffii sadarkaa jireenyaa Xiiqiin keessa jirtu ilaaluun tuffii gama dinagdeen mul'atuudha. Danqaan jireenyaa bakka kanatti Xiiqiin maatii isheerraa addaan baatee hiriyoota ishee biratti dahuuf ishee dirqisiise. Xiiqiin mucaa deesse kanas guddisuuf dinagdee kan hinqabneefi hiyyeetti ta'uun ishee hiriyoota isheetiin akka tuffatamtu godhe. Hiyyummaa kaleessaatiin ishee doorsisuufi arrabsuun akka isheen ija jabaattee hindubbanneefi mirga ofii ishee akka hinfalmanne dhiibbaa isheerratti uume.

Mucaan Xiiqii harmee isa guddifte biratti guddatee barumsa isaa xumuruun qacaramee hojjechuuf umuriin isaa gahe. Carraa hojii argatanii qacaramuufi dhabuun waldiddaafi danqaa jireenyaa uumamu keessatti gahee qabaata. Maatii dureessa keessaa bahuufi maatii hiyyeessa keessaa bahuunis fudhatama argachuun carraa hojii argachuu keessatti gahee mataa isaa danda'e qabaata. Guyyaan guddatee waggaa 28 erga guutee booda barumsa isaa xumuree qacaramuuf hojii barbaadaa ture. Qacaramuuf carraa hojii waan dhabeef intala abbaa qabeenyaa kan taate mucayyoo Agartuu jedhamtu intala Raajii jaallatee karaa ishee dhaabbata isaanii keessatti qacaramuuf yaale. Agartuun garuu akka Guyyaan dhaabbata maatii ishee

keessatti qacaramu barbaaddus Guyyaan sababa isheetiin achitti qacaramuun fedhii isaa hinturre. Fiilmii Miixuu, 00:12-37 keessatti Guyyaan, "*Agartuu! bari ani ... sababa hojiitiin maatii kee wajjin dursa walitti dhufeenya uumuu waanan hinbarbaanne qofaafi"* jedhe. Harmeen isa guddistes jireenya qonnaan bulaan baadiyyaa jiraatu jiraatti malee jireenya qananii hinqabdu turte. Kanaaf jecha, Guyyaan hoji-dhabaa ta'ee osoo jiruu hiyyummaa isaaf of tuffachuun itti dhagaa'ame. Agartuun garuu, intala abbaa qabeenyaafi jireenya qananii qabu keessatti guddatte. Umuriin Guyyaa kun kan waggaa 28 jedhu sunis turtii sirna mootummaa ADWUI/TPLF kan ifa godhu ture.

Fiilmii Miixuu keessatti Guyyaan dhaabbata maatii Agartuu yookiin kan aadde Raajii keessatti qacarame. Dhaabbaticha keessattis qarshiin waliiti qabameefi kan ittiin durooman kan seeraan alaafi qonnaan bulaa Oromoof beenyaa kaffalamuu qabu sirriitti kan hinraawwanne ta'uu adda baafate. Beenyaan kaffalamu seeraan ala ta'uu isaa argee dubbachuun isaa waldiddaa isaafi Raajii gidduutti uume. Sababa kanaaf, beenyaan qonnaan bulaaf kaffalmu kun haala ittii raawwatamu ifa akka hintaaneefi ibsa gahaa argachuuf Aadde Raajii gaafate. Fiilmii Miixuu, 00:20:05-20 irratti Aadde Raajiin, *"Guyya! ati hojichaaf haaraa waan taateef hanga hojicha keessa bartutti waanuma sitti kenname callisii hojjedhu*" ittiin jette. Guyyaan garuu, "*Waan sammuun koo itti hinamanne akkan hojjedhuuf ana hindirqisiisin*" isheedhaan jechuun hojicha addaan kutee bahuun gara harmee isaaatti gale. Rakkoo dinagdee qabuuf jedhee akka inni callisuuf aadde Raajiin Guyyaadhaan *dhimmi kun waan si ilaallatu hinqabu; waan sitti kenname qofa callisii hojjedhu* ittiin jette. Kunis qabeenya qabduun isa ukkaamsitee akka inni garbummaafi cunqursaa hawaasa isaa irratti taasifamaa jiru callisee fudhatuuf ture. Kunis waldiddaa qaama dinagdee qabuufi ilmaan qonnaan bulaa gidduutti taasifame agarsiisa.

Fiilmii Miixuu, 00:26:44-46 keessatti Raajiin gaaffii beenyaa kaffaluu kan Guyyaan gaafatee kulkulffattee Guutaa waliin yummuu dubbattu, *"Beenyaan inni qonnaan bulaaf gaafate, gamoo abbaa darbii meeqaa nuuf ijaara seete*" jette. Abbootiin qabeenyaa hedduun faayidaa dhuunfaa isaanii malee dhimma beenyaa qonnaan bulaatiif dhimma osoo hinqabaatin kanneen dhugaa hawaasaaf falman immoo qarshiifi faayidaadhaan kan sossoban ta'uu agarsiisa. Dhugaa dabsanii uummata saamuun duroomuun garee warra qabeenya qabaniin taasifamuun cunqursaa

garee hawaasaa dinagdee qabaniin taasifame agarsiisa. Beenyaan qonnaan bulaaf kaffalamaa tures seeraan ala waan ta'eef afaan qabachuurra dhugaa jiru ifatti baasee dubbachuun hojii irraa ariyatamuu filate. Beenyaan qonnaan bulaaf kaffalamaa turee gahaa akka hintaane argee Guyyaan gaafachuun isaa rakkoo walitti hidhamiinsa abbootii qabeenyaafi garee aangoo qabanii mul'isa. Qeerroon hedduun cunqursaafi rakkina hawaasni keessa jiru baasanii dubbatanii hojii irraa ariyatamuufi doorsifamuun akka irra gahaa ture mul'isee jira. Uummatni Oromoo naannawaa Finfinnee jiraatan, dhiibbaa haala kanaan mul'atuun qe'eefi qabeenya isaanii irraa buqqifamuun ajjeefamani; kaanis biyyaa bahan.




*Suuraa 4.2b) Waldiddaa Guyyaafi Aadde Raajii Gudduutti ture*

Cunqursaafi saamicha lafaa abbootii qabeenyaatiin taasifame balaaleffachuufi dubbachuun jireenya garee hawaasaa keessatti kanneen dinagdee qabaniifi qonnaan bulaa dinagdee hinqabne gidduutti ture. Kan qabeenya qabu dubbatee dhageessifata; qarshii isaa fayyadamee isa qabeenya hinqabne irratti dhiibbaa uuma. Dhugaa ukkaamsuudhaan mirgaafi dhugaa warra qabeenya hinqabnee ukkaamsa. Mindaa isaaf kaffalamu ilaalee Guyyaan mirga saba isaaf akka hindubbanne gochuuf yaaluun faayidaadhaan gowoomsanii miidhaa hawaasa irraan gahuuf yaaluu agarsiisa. Namni dinagdeedhaan hiyyeessa ta'e jiraachuuf jedhee kan dhugaa ukkaamsu akkuma jiru dhugaa saba isaaniif jedhanii kan itti miidhamanis jiraachuu fiilmii Miixuu keessatti mudannoon kun ifa godha.


Fiilmii Miixuu keessatti waldiddaan dhimmoota dinagdeetiin walqabatanii mul'atan karaa adda addaa calaqqisanii jiru. Raajiin Xiiqii hiyyummaa isheetiif tuffachuun waldiddaa sababa hawaasummaafi dinagdee isaan gidduu tureedha. Guyyaan cunqursaa hawaasa isaa irra gahe balaaleffachuun isaa hojii isaa irratti dhiibbaa uumuun akka ariyatamu taasise. Diddaan Guyyaan taasise kun immoo danqaa aangoo isa irratti uumuun hojii irraa akka geggeeffamuufi hiyyummaatti akka seenu isa taasise. Namoonni danqaa

dinagdeefi haqa dhabuu hawaasa isaaniitiif falman danqaan aangoofi dinagdee kan isaan mudatu ta'uu agarsiisa. Fiilmiin kunis danqaa kana keessatti kan inni agarsiisu, dhiibbaa qonnaan bulaarra yeroo sirna ADWUI/TPLF keessa gahaa tureen qeerroo hedduun mormiifi diddaa waan taasisaniif hojii irraa ariyamuufi doorsisni kan irratti raawwataa ture ta'uu mul'isee jira.

### c) Danqaalee Aangoo Fiilmii Miixuu Keessatti Mul'atan

Fiilmii Miixuu keessatti waldiddaan bal'inaan mul'atu kan namaafi nama gidduutti uumamuufi namaafi hawaasa gidduutti uumamaniidha. Fiilmii Miixuu keessatti danqaan aangoon walqabatee mul'atu inni ijoon danqaa aangoo siyaasaa irraa maddeen waldiddaa uumameedha. Abbaan Abdii garee aangoo siyaasaa qabaniin to'annoo jala ooluun isaa danqaa aangoodhaan irratti taasifameedha. Fiilmii Miixuu 00:30:08-15tti qaamni hidhatan dhufanii yeroo Abbaa Abdii qabanitti, *"Lafa mucaan koo jiru eessattan beeka ani; na gadi lakkisaan jedhee bee; sokkaa narraa..."* jechuu isaatu mul'ata. Abbaa Abdii humna qawweetiin doorsisanii qabanii daddarbataa fudhatanii deemuun isaanii olaantummaa aangoo siyaasaatiin irratti raawwate agarsiisa. Abbaan Abdii jarreen isa qaban sana of irraa daddarbachuuf yaaluun "*Sokkaa narraa*" jechuun isaa cunqursaafi danqaa siyaasaa of irraa qolachuuf wal'aansoofi faccee taasifame mul'isa.

Abdiin, mana barumsaatii dhufaa osoo jiruu haati isaa fagootti Abdii argitee, "*Deebi'i Abdi,….Deebi'i Abdi, Abbaa kee fudhatanii deemanii, siinis sifudhatuu deebi'i*" jechuun dura gortee of duuba deebisuu yaalte (Fiilmii Miixuu: 0:30:47-31:07). Abdiin garuu "*Hamma yoomiitti? Hamma yoomiitti? Maaliif nun dhiisanii?"* jechuun dabtara isaa faffacaasee darbachuun gatee fiigee harmee isaa bira darbe. Jarreen abbaa isaa qaban sana faana bu'uun dugda duubaan dhaqee jarreen keessaa tokko gaafa dugda keessa rukutu kan biroon immoo, Abdii rasaasaan laphee isaa rukutee achumatti lafa qonnaa isaanii irratti ajjeese. Abbaan Abdiis kufee mucaa isaa cina ciisee *"Ajjeeftanii mucaa koo? ajjeeftanii?"* jedhe (Miixuu: 0:31:58-59:10). Dhiibbaa aangoodhaan taasifameen hawaasni Oromoo cunqursaa hamaa keessa kan tureefi ilmaan isaa roorroo waan falmataniif du'uu isaanii agarsiisa. Qeerroon hedduun mirga saba isaaniif jedhanii falmannee du'uu nuuf wayya jedhanii dabtara isaanii gatanii qabsootti seenani.




*Suuraa 4.2c) Abbaan Abdii qabamuufi Abdiin ajjeefamuu*

Danqaa garee aangoo qabaniin taasifame kanaan, Abbaan Abdii mana hidhaa keessatti hafe. Abdiin rasaasaan rukutamee lafa qonnaa isaanii irratti ajjeefamee; Xiiqiinis biyyaa badde. Haati Abdii qofaa ishee mana caccabduu keessatti qofaa ishee ol galtee gadi ba'uuf dirqamte. Danqaan aangoo siyaasaatiin taasifmee maatii hedduu rakkinaaf saaxiluun maatiin addaan diigamuun kaan hidhamee kaan biyyaa baafame. Danqaa aangoo siyaasaa kana mormuun dhalootni garbummaan itti jabaate du'a kan hinsodaanneefi roorroo balaaleffatee kan qabsaa'e ta'uu mul'isa. Danqaalee dhimmoota aangoo siyaasaan walqabatan kun waggoota 28 darban keessa sirna mootummaa ADWUI/TPLF keessa hawaasa Oromoo irra kan gahaa ture ta'uu agarsiisee jira.

Walumaagalatti, fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu keessatti maddi waldiddaafi danqaaleen hawaasummaa, aangoofi dinagdee maddi isaanii fedhii dhuunfaa ofii guuttachuuf yaaluufi dhabuu irraa kan maddeedha. Eelaa keessatti Caaltuun aangoofi dinagdee dhabuun isheefi hiyyeettii ta'uun ishee madda waldhabdeefi danqaa jireenyaa isheefi harmee Rabbirraa gidduutti uume. Cunqursaan harmee Rabbirraatiin Caaltuu irratti taasifame diddaa jireenya hawaasummaafi dinagdeedhaan walqabata. Danqaan uumame kunis, Caaltuun miidhamaafi eelaa baachuun obsaafi iccitii eeguudhaan waadaa kabajuun akka jiraattu ishee taasise. Danqaalee hunda keessatti cichoominaafi iccitii qabachuudhaan turuun Caaltuu dhiibbaa hammaataa keessatti kutannoo qabaachuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Fiilmii Miixuu keessatti, danqaan qaamota hidhataniifi Abbaa Abdii gidduutti, qaama hidhataniifi Abdii gidduutti akkasumas,

Xiiqii, Raajiifi Guyyaa gidduutti karaa hawaasummaa, dinagdeefi aangoo siyaasaatiin uumamee jira. Danqaalee jireenya hawaasummaa, dinagdeefi aangoodhaan walqabatanii mul'atan kana mo'achuuf obsa, kutannoo, iccitii qabachuufi faayidaan osoo hinsossobamin kaayyoo ofiitiif hanga dhumaatti dhaabbachuun barbaachisaa ta'uun mul'atee jira.

## 5. Goolabaafi Argannoo

### a. Goolaba

Qorannichaan fiilmiiwwan Afaan Oromoo filataman Eelaafi Miixuu keessatti waldiddaafi danqaaleen mul'atan ija yaaxxina xiin-hawaasummaatiin xiinxalamani. Fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu keessatti waldiddaan namaafi namaa, kan namaafi ofii isaa (ishee) gidduu, kan namaafi hawaasa gidduu, kan namaafi uumaa yookiin uumama gidduutti taasifame ifa ta'ee jira. Waldiddaan kunneenis jireenya hawaasummaa keessatti dhimmoota hawaasummaa dinagdeefi aangoodhaan haala jiruufi jireenyaatiin walqabatanii uumamani. Fiilmii Eelaa keessatti waldiddaan Caaltuufi harmee Rabbirraa gidduutti uumame jireenya hawaasummaa Caaltuu keessatti gufuu guddaa ta'e. Danqaan jireenya Caaltuu irra gahe kun akka isheen galma yaadde bira hingeenye taasisuun Eelaa isheetti ta'e. Caaltuun hiyyummaa isheetiif tuffatamuun ishee waldiddaafi danqaa hawaasummaafi dinagdee ishee mudateedha. Ijoollummaatti haati ishee irraa du'uufi ulfaa'uun ishee waldiddaa uumamaa wajjin isheen taasisteedha. Haati ishee irraa du'uun Caaltuun ijoollummaatti hiyyummaaf saaxilamtee harka nama kan biroo ilaaluun mana namaatti akka galtu ishee taasise. Caaltuun ulfooftee mana harmee Rabbirraa keessaa baafamuun ishee waldiddaa isheefi uumama gidduutti mudate ta'uun gufuu isheetii ta'uun milkaa'ina Caaltuu danqe. Harmeen Rabbirraa aangoo qabduun Caaltuun akka isheen mooraa keessaa gadi baafamtu taasiste. Kunis waldiddaa aangoofi dinagdeedhaan Caaltuufi harmee Rabbirraa gidduutti mudateedha. Shamarran hedduun danqaa uumamaafi namaa wajjin taasisan kana keessatti kaayyoofi galma yaadan bira osoo hingahin karaatti akka hafan kan taasise ta'uu agrsiisee jira.

Fiilmii Miixuu keessatti waldiddaafi danqaan hawaasummaa, aangoofi dinagdee kanneen qabeenya qabaniifi hinqabne, kanneen aangoo qabaniifi hinqabne gidduutti nimul'ata. Miixuun jireenya rakkinaafi gadadoodhaan dhuunfatame ta'ee cunqursaa warra aangoofi dinagdee qabaniin taasifameti. Waldiddaan aangoo Miixuu keessa jiru maatii Abbaa Abdiifi warra meeshaa waraanaa hidhatan gidduutti taasifamee mul'ata. Kunis waldiddaa

hawaasaafi hawaasa gidduutti taasifameedha. Harmeen Abdii beenyaa gahaa lafa qonnaa ishee osoo hinargatin lafti qonnaa ishee irraa fudhatamuufi Abbaan Abdii qabamee hidhamuufi Abdiin rasaasaan rukutamee lafa qonnaa isaanii irratti du'uun danqaa aangoo siyaasaatiin taasifame. Guyyaafi Raajii gidduutti, akkasumas Xiiqiifi Raajii giddutti mul'ates waldiddaa namoota dhuunfaa gidduutti mul'ate ta'ee tuffii Raajiin hiyyummaa Xiiqiif qabdu irraa ka'uun waldiddaa gama dinagdeetiin mul'atuudha. Guyyaanis hojii irraa geggeeffamun isaa waldiddaa dinagdeedhaan mul'atuudha. Caaltuufi Xiiqiin daa'imaafi maatii isaanii irraa adda bahuun danqaa jireenya hawaasummaa isaan mudateedha. Harmeen Abdii gamoon lafa qonnaa irratti ijaaramuun ilmaan ishee dhabdee ofii isheetii dukkana keessa jiraachuun danqaafi waldiddaa dinagdeefi aangoo siyaasaatiin taasifameedha. Gamoon gurguddaan ijaaramee mul'atu angoofi olaantummaa garee hawaasaa cunqursaa raawwatanii agarsiisa.

Fiilmiiwwan lamaan keessatti waldiddaafi danqaaleen hawaasummaa aangoofi dinagdeedhaan mul'atanii jiru. Fiilmii Eelaa keessatti, dhiibbaafi danqaaleen Caaltuu irratti raawwataman hedduun danqaa hawaasummaafi dinagdeeti. Fiilmii Miixuu keessattis, Xiiqiin obboleessi ishee Abdiin du'ee, abbaan ishee hidhamee ofii isheetii dhala ishee dhabdee biyyaa baate. Xiiqiin hiriyoota isheetti hirkattee akka jiraattu kan godhe danqaa hawaasummaafi hiyyummaa isheeti. Umuriin Guyyaa turtii bulchiinsa sirna ADWUI/TPLF waggoota 28 Itoophiyaa bulchaa ture agarsiisa. Waggoota kana keessatti danqaafi cunqurfamuu ilmaan Oromoo irra gahaa ture. Roorroofi cunqursaa kana balaaleffachuun qeerroo hedduun wareegamuufi mirga ofiif falmachuun immoo, wal'aansoo kanneen aangoo qabanii wajjin taasifamaa ture mul'isa.

**b. Argannoo**

Fiilmiiwwan Eelaafi Miixuu keessatti danqaaleen hawaasummaa, dinagdeefi aangoo mul'atanii jiru. Waldiddaa fiilmii Eelaa keessatti mul'atan keessaa tokko danqaa jireenya hawaasummaa keessatti mudatuun cunqursaafi roorroo jireenya hawaasummaatu mul'atee jira. Waldiddaafi danqaa uumamaa wajjin taasifamu irraa kan ka'e sababa hiyyummaatiin shamarran mana namaa hojjetaniifi namatti hirkatanii jiraatan irratti tuffatamuufi hacuuccaa mudatu agarsiisa. Fiilmii Miixuu keessatti, roorroofi cunqursaa balaaleffachuu keessatti hidhamuun, rakkina arguufi ajjeefamuun mul'atee jira. Danqaafi wal'aansoo jireenya hawaasummaa keessatti

uumamaan mudatu kan mo'achuuf obsuu keessatti miidhamanii eeluun, waadaa eeguun, iccitii qabachuun, amanamummaafi kutannoon barbaachisaadha. Jireenya hawaasummaa keessattis, danqaalee mudatan mo'achuuf aadaafi safuu hawaasaa kabajuun danqaalee hawaasummaa keessatti mudatan qolachuuf gargaara.

Waldiddaafi danqaa aangoo keessatti kanneen aangoo siyaasaa qabaniifi dinagdeedhaan durooman warra cunqurfamoo ta'an irratti waggoota lakkoofsisuu isaaniitu mul'atee jira. Rakkoofi gidiraan hawaasaa irratti wal furuun isaanii maatii adda facaasuun kaan ajjeefamee, kaan hidhamuufi biyyaa baafamuun mana hedduu onsee maatiin akka gargar tamsa'u taasise. Danqaaleefi gufuuwwan mul'atan keessatti faayidaadhaan osoo hingowoomfamin ifaajuufi wal'aansoo qabuun qabsoo dhugaatiif of kennanii gara kuteenyaan dhaabbachuun bilisummaa arguuf carraaqqii taasifamaa ture agarsiisa. Dhalootni garbummaa balaaleffatu faayidaadhaan kan hinsossobamne, garbummaa of irra fonqolchuuf kan of duuba hinjenne ta'uu agarsiisa. Eelaan cunqursaafi danqaa jireenya hawaasummaa keessatti dinagdeefi aangoo siyaasaatiin taasifameen miidhamuudha. Miixuun immoo, cunqursaa jalaa bahuuf diddaafi wal'aansoo jireenyaa mo'atanii dukkana garbummaa jalaa bahuuf guyyaan tokko ni dhufa jedhanii abdachuufi eeggachuu agarsiisa.

**Wabiilee**


Aboneh Ashagrie (2016). *Ethiopian Cinema: The Socio-economic and Political Impact of Imperial Era on the Development of Screen Media*. Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia.

Ambar, W., & Sahril, N. (2023). The Social Conflict Experienced by The Main Character in Novel Charles' Dickens' Novel "Great Expectations". Universitas Negeri Makassar. *Journal of English Literature and Linguistics Studies Vol 2 (1) 2023 58.*

Bwalya, L. (2005). *Oral Literature*: Study Material: UNZA.

Davies, S. (2003). "Essential Distinctions for Art Theorists," Art and Essence, Westport: Praeger, 3-16. (*On differences between the desiderata for definitions of art and theories of art*).

Dewan, M., Nik, N., and Siti, S. (2016). *Marxist Feminist Perspective of Corporate Gender Disclosures*. USA.

Graham, G. (2005). *Philosophy of The Arts*. *An introduction to aesthetics*. Third Edition. USA. Published by Routledge.

Hussein, A. (2018). Questioning the Definition of Cinema: From Artistic Production to Discursive Practice. *International Journal of World Policy and Development Studies. ISSN(e): 2415-2331, ISSN(p): 2415-5241*. Cultural Studies at Sidi Mohamed Bin Abdellah University, Fez, Morocco.

Isrow, Z. (2017). Defining Art and its Future. *Journal of Arts and Humanities*.

Lawson, A., and Marie, A. (2022). Resistance and Resilience in the Work of Four Native American Authors. University of Arizona. *http://hdl.handle.net/10150/193773.*

Linda, M. (2018). *Conflict Resolution in Popular Film*. University of New Hampshire, Durham.

Lorraine, H. (2017). *Feminist theory in Feminism and Psychology [Part I*]. University of Calgary, Canada.

Mooney, L., Knox, D., & Schacht, C. (2007). *The Three Main Sociological Perspectives*. Understanding Social Problems, 5th edition.

Mungai, A. (2018). *Film And Social Change*: Ideology, Class, And Pluralism in Selected East and West African Films. PhD Thesis. Kenyatta University.

Mwakalinga, M. (2010). *The Political Economy of the Film Industry in Tanzania*. PhD Thesis University of Kansas: Tanzania.

Nascimento, J. (2019). *Art, Cinema and Society*: Sociological Perspectives. Sociology and Culture. *ISSN: 2249-460x & Print ISSN: 0975-587X*.

Setyorini, T. (2009). *American Social Class Inequality as Reflected in NICK Cassavates' Film Entitled.* English Department Faculty of Language and Arts Semarang State University.

Susan, H. (2007). *Cinema Studies*: The Key Concepts. second edition. London and New York.

Tigist Tadesse (2017). *Representation and Preservation of Local Cultural Elements in Selected Amharic Feature Films.* Addis Ababa University: School Of Social Work. MA Thesis.

Totawad, N. (2016). *Film and Literature*: An Overview. Dept. of English, Vivekanand College, Aurangabad, 431001.MS, India.

Tyson, A. (2006). *The Relationship Bet ween Parental Involvement in Education and Academic Achievement: A Meta- analysis Study*. PhD, Ministry of Education, Turkey. *Pegem Journal of Education and Instruction, Vol. 11, No. 3, 2021 (pp. 50-66).*